# Namni tokko nama biraa faasiqa (kan Rabbiin dide) jedhee yoo darbate(arrabse), akkasumas kufriin yoo isa darbate, wanni sun irratti deebi'u malee hin hafu, yoo namichi inni arrabse sun akkas tahe malee

Abuu Zarri irraa akka odeeffametti, Rabbi irraa haa jaallatu, inni Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhu dhagahe: «Namni tokko nama biraa faasiqa (kan Rabbiin dide) jedhee yoo darbate(arrabse), akkasumas kufriin yoo isa darbate, wanni sun irratti deebi'u malee hin hafu, yoo namichi inni arrabse sun akkas tahe malee».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namni tokko nama biraatiin: Ati faasiqa ykn ati kaafira jechuu akeekkachiisanii, akka inni jedhe yoo ta'uu baate inni waan jedhe san akka haqa godhatuu fi jechi isaas isuma irratti akka deebi'au, akka inni jedhe yoo tahe ammoo, jechi isaa sun dhugaa dubbate waan ta'eef isa irratti akka hin deebine himan.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/8883

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee